***KORA QINDEESSAA WARRAAQSA UMMATA OROMOO (KQWUO)***

***OROMO PEOPLE'S UPRISING COORDINATING COUNCILE (OPUCC))***

# SEENSA

Qabsoon Bilisummaa ummata Oromoo fi Walabummaa Oromiyaa deebisuuf eegalame guututti galma gahuu baatus, injifannoowwan har'a ummanni Oromoo of harkaa qabu argamsiisudhaan itti-gala milkaa'ina qabsoo egeretiifis kaayyoo/akeeka **hin moofofne** lafa kaayeera. Akeeka lafa kaayame kana daandii eegalamterratti tiksuudhaan itti-gala QBO dhugoomsuun immoo dirqama dhaloota har'aati! Dirqama kana bahuuf immoo dhaaba haaraa hundeessun ykn immoo "isa kanatu sirrii dha" jechuun keessaa achi bahanii **jijijjiirramuun/mimicciramuun** fala tahuu hin danda'u!  Mooraa qabsaa'ota angafaa kan ta'e ABOtti aansee dhaabbileen siyaasaa hedduun hundaa'aniiru. Biyya bulchuuf dhaabbileen siyaasaa wal morkatan baayyachuun bu'aa ni qabaata; garuu biyya gabromfataan bultu Walaboomsuuf baayyachuun dhaabbilee siyaasaa xiyyeeffannoo ummataa waan bittinsuuf bu'aasaarra miidhamatu caala. Har'a ummanni Oromoo kan barbaadu dhaaba siyaasaa haaraa hundeessuu osoo hinta'in kaayyoo fi akeeka siyaasaa qabsaa'onni angafootni qabatanii ka'an walitti qabudhaan garaagarummaawwan jiran walitti kan firoomsu **Jaarmiyaa hawaasaati**. Jarmiyaan Hawaasaa kun bifa lamaan ilaalamuu danda'a. Innis tokko Jaarmiyaa mootummaa irraa qaama seerummaa fudhachudhaan ummata miidhamoo 'target' godhachudhaan hojiilee misoomaa, walgargaarsaa fi aadaa fa'i irratti ijaaramu yoo ta'u, inni lammaaffaan immoo jaarmiyaa hawaasaa dhoksaa kan mootummaa abbaa irree ummatarraa kaasuuf fedha ummataatin ummataan ijaaramuudha. KQWUOn jaarmiyaa

akkasiiti. Jaarmiyaan akkanaa danbalii uummataa kaasudhaan mootummoota abbaa hirree jilbiifachiisuu keessatti qooda guddaa qabu. Akka fakkeenyaatti warraaqsa Kaaba Afrikaa fi biyyoota Arabaatti taasifamaa jiru yoo fudhanne, mootummoota abbaa hirree ofirraa fonqolchuu keessatti jalqabumarraa kaasee shoora olaanaa kan taphate **Jaarmiyaa hawaasaati.**

KQWUOn sagantaa siyaasaa dhaaba kamiyyuu irratti kan hin hirkanne ta'ee, galma-ga'iinsa egeree QBOtti kan amanu **jaarmiyaa hawaasaati!** Jaarmiyaan kun rakkoolee mootummaan abbaa hirree Wayyaanee ummata biyyattii, addatti immoo ummata Oromoo irraan gahaa jirtu ragaa qorannoorratti hundaa'e ifa baasudhaan ummmanni furmaataaf ijaaramee akka qabsoo finiinsu tumsa.

KQWUOn ji'a Fulbaanaa, 2011 keessa "**Koree Qindeessituu Warraaqsa Ummata Oromoo**" jedhu of jalatti ijaarudhaan miidhaa hamaa gartuun Mallas Zeenaawii ummatta Oromoorraan gahaa jirtu ilaalchisee qorannoon Finfinnee fi Naannawa Finfinnee irratti akka gaggeeffamu taasisudhaan bu'aan qorannoo taasifamees ji'a Muddee, 2011 irraa eegalee ummata Oromoo biyya keessaa fi alaa, dhaabbilee mirga namoomaa fi biyyoota mootummaa wayyaanee irratti dhiibbaa geessisuu malan mara akka gahu taasiseera.

KQWUOn qorannoo Viidiyoon deeggarame kanarratti hundaa'udhaan rakkoowwan ragaa qorannootin ifa bahee fi kan qorannoo hin barbaachifne rakkoolee ifatti muul'atan kan mootummaan wayyaanee geessisaa jirtu ofirraa maqsuuf Warraaqsa ummataa gaggeessun murteessaa ta'uu waan itti amaneef dhiyeenyatti waamicha qabsoo taasisuuf qophii xumuree jira.

## HUNDEEFFAMA

KORRI QINDEESSAA WARRAAQSA UMMATA OROMOO (KQWUO) qabsaa'ota QEERROO, hayyoota, qonnaan bultoota, barattoota Yunivarsitii, hojjattoota mootummaa N/Oromiyaa, fi daldaltoota Oromoo irraa walitti dhufuun Fulbaana, bara 2011 Oromiyaa keessatti hundeeffame. Korri kun qaamota hawaasaa armaan olitti xuqaman irraa kan walitti babbahan miseensota sagal kan

qabu yoo ta'u, Oromiyaa guutuutti immoo Wiirtuu WARRAAQSA ummataa qindeessani fi qajeelchan sagal of jalatti qaba. Wiirtuwwan saglan kunniinis **SAGLII** jedhamu. **SAGLIIn** kunneen haala teessuma lafa Oromiyaa fi haala qubsuma ummata Oromoo irratti hundaa'udhaan faca'iinsa madaalawaa (equivalent proportion) ta'een iddoowwan tarsimoo qabsootiif aanjaa ta'etti diriiran. Korri kun dhaabbilee siyaasaa Oromoo walaba ta'an hunda waliin hariiroo cimaa kan tolfate yoo ta'u, miseensota OPDO keessayis humna murteessaa horachuudhaan caasaa **WARRAAQSAA** diriirfachuu danda'eera.

## **<u>KAAYYOO</u>**

- Ummanni Oromoo afaan tokkoon, yaada tokkoon, ilaalcha sabummaa fi hubannoo walfakkaatoodhaan daangaa hanga daangaatti mootummaa wayyaanee irratti diddaa akka agarsiisu ragaa qorannoo irrattii hundaa'e kan ijaa-qalbiin muul'atu itti agarsisudhaan mirga namoomaa fi mirga abbummaa akka falmatu **sochii walirraa hin cinne** taasisuu;

- Ummanni Oromoo aangoo siyaasaa dhabuurraa kan ka'e rakkoo rog-hedduu keessatti kufee jiru keessaa bahuuf deemsa qabsoo akkamii fi haala akkamiitin yoo gaggeesse akka wayyu qor'-qalbii (Psychlogy) ummata keenyaa gadi fageenyaan xiinxaluudhaan, akkasumas haamilee aadaa fi duudhaa ummata keenyaan walqabatutti fayyadamudhaan itti-gala QBO milkeessuu;

- Rakkoolee Mootummoonni Habashaa ummata Oromoorraan geessisaa turanii fi shira gartuun Mallas Zeenaawii Oromoo fi Oromiyaa lafarraa balleessuu yaalaa jirtu irratti qorannoo gaggeessun bu'aa qorannoo miidiyaalee fi 'social Networks' adda adda fayyadamuun deebisee ummatatti baasuun ummanni shira mootummoonni Habashaa qe'ee isaa irratti taasisaa turanii fi kan gartuun Mallas itti jirtu sirnaan hubatee sirnaan qabsootti akka galu onnachisuu;

- Warraaqsa ummataa qindeessuu, qajeelchuu, too'achuu, walumaagalatti **Oogganssa** itti horuu;

- Dhaabbilee siyaasaa Oromoo kanneen garaagarummaa bu'uraa hin qabne, kan galma-ga'iinsa egeree QBOtti amanan **WAALTA'IINSA** tokko jalatti akka dhufan riqicha ta'udhaan hawwii ummata keenyaa dhugoomsuu;

- Qorannoo taasisu dhaabbilee mirga namoomaaf dhaabbatani fi mootummoota gartuu Mallas Zeenaawiitiif hirkannoo ta’aniif kennuudhaan rakkoon Ummata Oromoo ‘globally’ akka hubatamu gochuun mootummaa kana jilbiiffachiisuu keessatti tumsa alagaa horachuun qooda akka bahan taasisuu;

## ITTI-GALA

Ummanni Oromoo Warraaqsa Diddaa Gabrummaa taasisudhaan qe’ee fi naannoo isaa, darbees biyya isaa, Oromiyaa jala-deemtota Wayyaanee irraa walaboomsee mirga namoomaa fi aangoo siyaasaa akka harkatti deebisatu tumsuudha.

## MUL’ATA

Bilisummaa Ummata Oromoo fi Walabummaa Oromiyaa WARRAAQSA ummata Oromootin dhugoome arguudha!

***Bilisummaan Ummata Oromoo fi Walabummaan Oromiyaa***
***WARRAAQSA ummata Oromootin galma ni gaha!***